

## **Gaaffilee waa'ee kanfaltii eeyyama dhukkubaa (sick leave) fi Koroona-vaayirasii (COVID-19)**

- 1. Qondaaltonni mootummaa bakka hojii hojjetootaa dhimma COVID-19 waliin wal-qabatee yoo kan cufu ta'e hafuu isaanii uwwisuuf kanfaltii eeyyama dhukkubaa (sick leave) fayyadamuu danda'uu? Yoo hojjechiftonni (qaxartoonni) ammallee taanaan hojjechaa jiran, garuu sababa ajaja bulchitootaan wantoota hojjetaman irratti daangaessuun jiraateehoo?**

Yoo ammallee qaxaramanii hojjetan, hojjetootnii kanfaltii eeyyama dhukkubaa (sick leave) kuufamee fayyadamuu danda'u. Qaxaraan tokko yoo nama tokko hojiirraa geggeesse, hojjetaan suun faayidaa hojii dhabuumsaaf iyyachuu danda'aa.

- 2. Hojjetootni hanga ammaatti qaxaramaa ta'uu isaanii akkamiin beekuu danda'uu?**

Hojjechiftonni (qaxartoonni) yeroo qaxaramaa tokko hojiirraa gaggeesan beeksisuu qabu. Hojjetootni yoo hojii dhabaa ta'an ykn yoo sa'aatiin ittii hojjetan irraa hir'atee faayidaalee hojii dhabuumsaaf iyyachuu danda'uu.

- 3. Manneen barnootaa ykn iddoon eegumsa ijoollee hojjetootaa yoo yeroo dhaaf sababa yaaddoo fayyaaf cufaa ta'e, hojjetootnii ijoollee isaanii kunuunsuuf kanfaltii eeyyama dhukkubaa (sick leave) kuufame fayyadamuu danda'uu?**

Eeyyeen.

- 4. Iddoon hojii hojjetaa sanii ykn manneen barnootaa ijoollee isaa ykn iddoon eegumsa ijoollee yoo cufaman, hojjechiftonni kanfaltii eeyyama dhukkubaa (sick leave) kennuu dhiisanii hojjetootni mana isaaniitii hojii akka hojjetan gochuu danda'uu?**

Lakki.

- 5. Hojjechiisaan (qaxaraan) saaxilamuu COVID-19 hirdhisuuf yeroodhaaf yoo bakka hojii isaanii cufuu barbaadan, hojjetaan tokko hojiirraa hafuu isaa bakka buusuuf kanfaltii eeyyama dhukkubaa (sick leave) fayyadamuu danda'aa?**

Hojjechiisaan (qaxaraan) hojjetootnii isaa kanfaltii eeyyama dhukkubaa (sick leave) akka fayyadaman eeyyamuun irraa hin eegamu yoo hojjiwan akka COVID-19'f deebii ta'uuf yeroo dhaaf cufuu ofii isaaniin murteessaniif. Garuu, hojjechiisaan (qaxaraan) haala kana kessatti kanfaltii eeyyama dhukkubaa (sick leave) fayyadamuu eeyyamuunii danda'a.

- 6. Hojjechiftonni (qaxartoonni) sababa COVID-19'f saaxilamuu irraan kan ka'e hojjetootnii hojii akka gad-lakkisan gaafachuu danda'uu?**

Hojjechiisaan (qaxaraan) hojjetootnii isaa hojii akka gad-lakkisan gaafachuu nii danda'aa. Haata'u malee, qaxartoonni **haftee kana bakka buusuuf hojjetootnii isaanii kanfaltii eeyyama dhukkubaa (sick leave) akka fayyadaman** hin gaafatan.

**7. Sababa COVID-19'f saaxilamuun hojjetaan hojii akka gad-lakkisuuf gaafatamu kanfaltii eeyyama dhukkubaa (sick leave) kuufamaa yeroo hojiiraa hafan illee fayyadamuu danda'uu?**

Hojjetaan tokko kanfaltii eeyyama dhukkubaa (sick leave) kuufamaa fayyadamuu nii danda'a. Haata'u malee, hojjetaan kanfaltii eeyyama dhukkubaa (sick leave) kuufamaa bakka haftee isaa akka fayyadamuu hojjechiisaan dirqisiisuu ykn gaafachuu hin danda'u.

**8. Hojjetaan tokko yoo dhukkubsateef ykn yoo mallatoolee dhukkuba COVID-19 waliin firoomu yoo agarsiisee kanfaltii eeyyama dhukkubaa (sick leave) kuufamaa fayyadamuu danda'aa?**

Hojjetoontii dhukkuba qaamaa kamiifuu, miidhaaleef, ykn rakkoo fayyaa biroof kanfaltii eeyyama dhukkubaa (sick leave) kuufamaa fayyadamuu nii danda'u. Dabalataaniis dhukkuba qaamaaf, midhaaleef ykn rakkoo fayyaa kanneen biroo miseensa maatii qaban kunuunsuuf kanfaltii eeyyama dhukkubaa (sick leave) kuufamaa fayyadamuu nii danda'u.

**9. Hojjetaan tokko yoo ogeessi fayyaa (doktoriin) sababa saaxilamuu ykn mallatoo dhukkuba COVID-19'iif kanfaltii eeyyama dhukkubaa (sick leave) kuufamaa akka fayyadamuu yoo yaada-kenneef nii fayyadamaa?**

Eeyyeen.

**10. Hojjetaan tokko yoo qorannaa dhukkubaa, kunuunsa, yaalii ykn waldhaansa fayyaa dursanii dhibee irraa of ittisuu ykn mallatoolee dhukkuba COVID-19 waliin wal qabatee yoo argachuu barbaadeef kanfaltii eeyyama dhukkubaa (sick leave) kuufamaa fayyadamuu danda'aa?**

Eeyyeen.

**11. Hojjechiisaan tokko yoo kanfaltii eeyyama dhukkubaa (sick leave) kuufamaa akka sagantaa yeroo kanfaltiitti/paid time off (PTO) yoo dhiyeesse, COVID-19 waliin wal-qabatee hojjetaan eeyyama PTO fayyadamuu danda'aa?**

Eeyyeen.

**12. Hojjechiiftonni hojjetoota isaaniif kanfaltii eeyyama dhukkubaa (sick leave) dabalataa akkamiitii kennuu danda'uu ykn akkamiin mindaa sababa COVID-19'iin badee bakka buusuuf?**

- Hojjechiiftonni seera kanfaltii eeyyama dhukkubaaf kanfalamuu ol kanfaltii eeyyama dhukkubaa (sick leave) arjoomuun kennuu nii danda'u.
- Hojjechiiftonni hojjetootni akka kanfaltii eeyyama dhukkubaa wantoota dabalataaf wanta xiqqoo eeyyamamte irra darbuun akka fayyadaman eeyyamuu nii danda'uu.
- Hojjechiiftonni COVID-19 wal-qabatee kanfaltii eeyyama dhukkubaa hojjetoota fayyadamaniif yeroodhaaf ulaagaa mirkaneessituu akka dhiisaniif gochuu danda'uu.
- Hojjechiiftonni kanfaltii eeyyama dhukkubaa jalqabarra buusuuf tarsiimoowan haaraa baasuu nii danda'u.

- Hojjechiiftonni hojjetootaaf mindaa dabalataa dursanii kennuu nii danda'u, hanga qajeelfamoonni (seerootnii) deebisanii kanfaluu to'annoowwan hojiirra oolmaa hir'suun waliigaletti.
- Hojjechiiftonni tarsiimoowwan eeyyama qooddatamu baasuu nii danda'u. Akkasumas hojjetootnii boqonnaa irraa hafa qaban akka hojjetoota waliin jiraniif kennan eeyyamu danda'u.